# FILANNOO IMAAMMATA HAQAA YEROO CE'UMSAA ITOOPHIYAA

GAREE HOJII HAQA CE'UMSAATIIN KAN DHIYAATE

AMAJJI, 2015

የሽግግር ፍትህ
TRANSITIONAL JUSTICE

# Qabiyyee ibsichaa

1 Barbaachisummaa haqaa ce'umsaa Itoophiyaa keessatti

2 Mala/tarsiimoo haqaa ce’umsaa

- A Himannaa
- B Barbaaduuf ifa baasuu
- C Dhiifama
- D Araara
- E Hirpha
- F Fooyya’iinsa dhaabbilee

3 Dhimmoota biroo murtee barbaadan

1

## Barbaachisummaa Haqa Yeroo Ce'umsaa Itoophiyaa keessatti

**Barbaachisummaa?**

- Haalli biyyoolessaa haqaa yeroo ce'umsaa guutuu ta'e hojiirra oolchuu kan barbaadu ta'uun isaa
- Barbaachisummaa ijaarsaa biyyaa fi itti fufiinsa mootummaa
- Gahee cehumsa gara dimokiraasii fi nagaa waaraa mirkaneessuu keessaati qabu
- Mirga namoomaa kabajuu fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu

2

A.

# Mala/tarsiimoo haqa yeroo ce’umsaa Himachuu, Dhimmoota akkamii fattu nama himachisa?

**Filannoo tokkoffaa: Dhiittaa mirga namoomaa gurguddaa fi yakkoota ciccimoo irratti xiyyeeffatame himannaa gaggeessuu**

**Cimina**

1. Maalooni haqaa yeroo ce’umsaa biroo hojiirra akka oolu carraa ni kenna;
2. Adeemsa haqaa saffisaa fi gahumsa qabu akka jiraatu ni hayyama.
3. Badiiwan gosaa fi sadarka ciminaa isaaniitiin bifaa agarsisuu danda’un gahee ni taphata
4. Biyyoonni dirqama himachuu qaban bahu waan ta’ef

**Sodaawwan**

1. Qorannoo sirnaan gaggeessuun ragaa argachuuf rakkoon jiraachuu mala.

2. bal’ina hojii;

3. Hundee fi guddina isaa haala guutuu ta’een hin agarsiisu;

4. Qaawwa bu’uura seeraa yakkoota kana adabuu danda’u.

# Dhimmoota kamtu nama himachiisa?

Filannoo Lammaffaa: Dhiittaa mirga namoomaa gosa hundaa irraati himannaa gaggeessu

**Ciminoota**

1. Yakkamtoota hundaaf itti gaafatamummaa ni mirkaneessa;

2. Fedhii haqaa miidhamtootaa caalaatti guutuu danda'a.

3. Akka dhiittaaleen mirgoota namooma gidduuti wolcalmaan akka jirannee fi yakkooni deebi'anii akka hin raawwatamneef

**Sodaawwan**

1. Malli haqaa ce'umsaa biroo hojiirra akka hin oolle taasisa
2. Dhiifama akka tooftaa haqaa ce'umsaatti hojiirra oolchuuf carraa dhabuun hojiin dhugaa jiru ifa baasuu ulfaataa taasisa
3. Adeemsi haqaa ce'umsaa kan danda'u caalaa ta'uu danda'a;
4. Ba'aa hojii manneen murtii dabaluu fi qabeenya guddaa kan barbaadu ta'uu isaa
5. Bal'ina dhimmootaa ilaalcha keessa galchuun yeroo gabaabaa keessatti furuun waan hin danda'amneef adeemsa irratti nuffisiisaa fi itti quufinsa dhabuu.

# Yakkitoota kami irraati himati ha dhiyaatu?

**Filannoon tokkoffaa: Yakkitoota hirmaana olaanaa fi itti gaafatamummaa qaban irra**

**Cimina**

1. Qaamota hojii qorannoo fi himannaa hojjetan irratti fe'iinsa hojii ulfaataa akka hin qabaanne gargaara.

2. Namoota sadarkaa hirmannaa yakka olaanaa hin qabneef filannoowwan haqaa ce'umsaa biroo akka hojiirra oolan gargara

3. Ba'aa hojii manneen murtii hir'isuun qabeenyi biyyattii daangeffame yakkamtoota sarbama seeraa cimaa raawwataniif oolu danda'a.

4. Shakkamtoota beekamoo ta'an loogii tokko malee himachuudhaan ce'umsi kun caalaatti itti gaafatamummaa akka qabaatu gargaara;

**Sodaawwan**

1. Miidhaamtoota dhuunfaa fi hawaasa gidduutti mufii uumuu danda'a
2. Yakkamtoonni tokko tokko akka irra deebi'anii yakka raawwatan jajjabeessuu danda'a
3. Adeemsi kun loogii fi hojimatilee hin barbachifneef balbala banuu mala.

# Yakkitoota kam irraati himati ha hunda’u ykn ha banamu?

**Filaannoo 2ffaa: Himannaan adeemsa yakkaa namoota sarbama mirga namoomaa cimaa sadarkaa kamittuu rawatani bifaa hirmaachise ta’u qaba.**

**Cimina**

1. Adeemsa keessa komii akka hin uumamne taasisa.

2. Fedhiin haqaa argachuu miidhamtootaa haala gaariidhaan akka guutu carraa ni kenna

**Sodaawwan**

1. Mala himannaatiin ala malootani haqaa ce’umsaa biroo xiyyeeffannoo akka hin kennamneef tolchu danda’a
2. Sababa baay'ina isaatiin kan ka’e humna fi dandeeti adeemsa haqa ce'umsaatiin oli ta’e mala
3. haqni akka jallatuuf sababa te;u dande’a

## Filannoo tokkoffaa

Dhaddacha addaa Mana Murtii Ol'aanaa fi Waliigalaa keessatti diriirsuun dhimmoota ilaalanii murtii kennuu

**Cimina**

1. Hojiileen dhaabbilee jiran keessatti akka raawwataman waan dandeessisuuf qabeenya ni qusata;
2. Dandeettii namaa fi dhaabbilee jirutti fayyadamuu ni dandeessisa;
3. Gaaffilee waa'ee loogii fi dandeettii manneen murtii keenyaa deebisuuf, abbootii murtii caasaa walabaa fooyya'aa fi qorannoo sirrii ta'e ramaduudhaan gara fuulduraatti hojii jijjiirama manneen murtii keessatti hojjetamuuf gumaacha ni qabaata.

**Dadhabina**

1. Dhaddacha mana murtii haala gahaa ta'een hin fooyya'in ykn haaromfame jedhamee fudhatamu fayyadamuun dhimmoota kana gaggeessuun amanamummaa fi fudhatama adeemsaa fi bu'aa isaa irratti gaaffii kaasa;
2. Haala amma jiru keessatti walxaxiinsaa fi guddina himannaa yoo ilaalle hirdhini dandeettiin jiraachuu danda'a.

# Manneen murtii ilaalchisee

**Filannoo lamaffaa:**

**Mana murtii addaa/hara dhimmoota kanneen ilaalee murtii kennu hundeessuun**

**Cimina**

1. Dhaabbataa fi jaarmiyaa haaraa uumuudhaan dhaabbata fudhatama fooyya'aa qabu fi bilisa ta'e qabaachuuf carraa uuma
2. Walxaxiinsa yakkoota kan gitu abbooti murtii gahumsaa olaanaa qabani ramadanii dhimmichaa haala gariidhaan ilaaluu akka danda'an ni dandeesisa.

**Dadhabina**

1. Dhaddacha addaa moggaasuun gaaffii heerummaa ykn bu'ura heeraa qabachu dhadaacha ka'u mala
2. Dhaabbata haaraa hundeessuuf, humna namaa guutuu tolchu fi qabeenya barbaachisaa ta'e guutuun yeroo fudhata
3. Ijaarsa dhaabbilee itti fufiinsa qabuuf gumaachi isaa xiqqaadha.

# Qorannaa fi himannaa ilaalchise

**Filannoo tokkoffaa:** Poolisii fi abbaa alangaa amma jiru jalatti garee addaa hundeessuun

**Cimina**

1. Hojiileen dhaabbilee jiran keessatti akka raawwataman waan dandeessisuuf qabeenya qusata.

2. Dandeettii namaa fi dhaabbilee jirutti fayyadamuu ni dandeessisa.

3. Itti fufiinsa muuxannoo hojiiwwan akkanaa hojjechuu mirkaneessuudhaan ijaarsa dhaabbileef gumaacha gochuu

**Dadhabina**

1. Jijjiiramni gahaan iddoo hin taasifamneeti yookiin dhaabbilee haqaa irraati jijjirami malu bakka hin godhamneeti adeemsa kana gaggeessuun adeemsaa fi bu'aa isaa amanamummaa fi fudhatama qabaachuu gaaffii kaasa.

# Qorannaa fi himannaa ilaalchise

**Filannoo lamaffaa**

**Manneen hojii abbaa alangaa amma jiran ala, mana hojii abbaa alangaa addaa hundeessuun qorannoo fi himannaa qindeessu, ogeeyyii poolisii fi qorannoo ramaduu.**

**Cimina**

1. Dhaabbata fudhatama fooyya'aa fi giddu galeessa ta'e akka jiraatu carraa uuma.
2. Hojiin qorannoo fi himannaa dhaabbata tokkoon waan raawwatamuuf ni saffisa
3. Xiyyeeffannoo addaa dhaabbatichaaf, deeggarsa barbaachisaa, dandeettii fooyya'aa argachuuf
4. Dhabbaaticha waliin tumsaan akka hojjetan ni jajjabeessa
5. Abbummaa fi itti gaafatamummaa fooyya'aa uuma

**Dadhabina**

1. Humna namaa fi qabeenya barbaachisaa ta'e guutuuf yeroo kan fudhatu ta'uu isaa;

2. Hojii qorannoo fi himannaa keessatti dhaabbilee jiraniin alatti ogeessota gahumsaa fi muuxannoo qaban argachuu dadhabuu mudachu danda'a.
3. Ijaarsa dhaabbilee itti fufiinsa qabuuf gumaachi isaa xiqqaadha.

4. Mootummaan dhaabbata kanaaf wantoota barbaachisan guutuuf itti gaafatamummaa waan qabuuf qabeenya biyyattii daangeffame irratti dhiibbaa uuma.

•

B

## Dhugaa barbaaduf ifa baasu

**Hojiiwwan ijoo adeemsa dhugaa baasu maali fa’a?**

✓Hirmaannaa miidhamtootaa mirkaneessuu
✓Yakkitoota hirmaachisuu
✓Badiiwwaan galmeessuu.
✓ Dhugaa qulqulla’e hawaasafi ifa tolchu, adeemsa dhugaa barbaadu keessati badiiwwaan galmeessu, dhugaa qulqulloofte hawaasafi ifa tolchu, gidiraa ykn rakkoo miidhamtootaaf beekamtii hawaasa ballaa kennuu barbaachisaadha.

# Adeemsa dhugaa barbaaduu fi ifa baasuu eenyutu raawwata?

Ilannoo tokkoffaa: Komishinii haqaa, dhugaa fi araaraa haaraa uumamuun

**Cimina**

✓ Komishinii Hojimaata Haqaa Cehumsaa hundeessuun hojii sadarkaa idil-addunyaatti fudhatama qabuu fi barame dha. Caalaatti bu'a qabeessa akka ta'u taasisa.

✓Bilisaan, walabaa fi bifaa hawaasa ballaa hirmachisu waan ta'eef amanamummaa qabata

✓Ogeeyyii fi hoggantoota damee kanaa beekamoo ta'an qama Dhaabbatichaa gochuudhaan hojiin beekumsaan akka qajeelfamu taasisa.

✓Dhugaan haal-duree dhiifama raga irraati hunda;e waan ta'eef, yakkitootaa fi miidhamtootaa, mirkaneessuu, galmeessuu fi ifa gochuu, akkasumas waltajjiiwwan bal'aa fi karaalee dubideebii itti fudhatan hundeessuun barbaada, akkasuma kana gochuuf komishinii kaayyoo kana raawwachuuf hundeeffameen caalaatti mijata.

**Sodaawwan**

- Qabeenya biyyattii daangeffamte ilaalcha keessa galchuun baayyee qaaliidha
- Yaaliin komishinii hojii kana raawwatu hundeessuun yoo hin milkoofne ta'eef, carraan dhaabbata kana deebi'ee hundeessuuf jiru xiqqaadha

# Hojii dhugaa barbaaduu fi ifa baasuu eenyu haa raawwatu?

**Filannoo Lammaffaa: Komishiniin mirga namoomaa Itiyoophiyaa ykn dhihootti kan hundaa'e Komiishinii maree biyyaalessaan**

**Cimina**

- Haabbiilee amma jiran fayyadamuun baasii ni hir'isa.

**Sodaawwan**

- Itti gaafatamummaa hojii guddaa waan qabaniif hojii bal'aa qulqullinaan hojjeechuu dhabuu danda'u
- Keessattuu Komishiniin mirga namoomaa Itiyoophiyaa dhabbata mirga namoomaa biyyaalessaa waan ta'eef, hojii to'annoo fi hordoffii irratti dhiibbaan irra gahuu dandaa'a. Shaakalliin addunyaalessaas kana nii dhugoomsa.
- Haqa yeroo cee'umsaa keessatti hojii wal xaxaa dhugaa barbaaduu fi adeemsa hirmaachisaa hordofanii hojjechuuf humna hin qaban.
- Filannoowwanii fi ogeeyyi hojii dhugaa barbaaduu dhaabbatichaa ala jiraniif carraa banuu hin danda'u.

Araara

*Ararri haqa yeroo cee'umsaa keessatti adeemsa tokko ykn ofiima isaan galma tokko ta'ee fudhatamuu dandaa'a.*

**Sadarkaawwan araaraa፡**

- Araara namoota dhuunfaa
- Araara hawwaasummaaf siyaasaa
- Araara dhaabbiilee

# Adeemsa araaraa eenyu haa raawwatu?

Filannoo tokkoffaa፡ Karaa Komishinii dhugaa, haqaa fi araaraan

**Cimina**

- Adeemsa haqa yeroo cee'umsaa keessatti araarri isa duraa waan ta'eef kara kana deemuun bu'aa gaarii fida
- Qaamoleen kun bilisummaa fi al-loogummaa kan qabanii fi hammattoota waan taa'aniif amanamummaa/fadhatamummaa qabu
- Ogeeyyii fi hoggantoota damee hojii kana hirmaachisuun beekumsaan akka hoogganamu godhu.

**Sodaawwan**

- Baasii guddaa gaafatu
- Yaaliin komishinii dhaabuu milkaa'aa waan hin taaneef dhaabbiin komishinichaa amansiisaa miti.

# Adeemsa dhiifamaa eenyu haa raawwatu?

**Filannoo Lammaffaa: Komishinii maree biyyaalessaa Itiyoophiyaan hojii dhiifamaa raawwachuu.**

**Cimina**

- Hbbiee mma jirn fyyadamuun basii biyyaa ni hir'isa,
- Al-loogummaa fi bilisummaan wal qabatee fudhatama guddaa qabu.

**Sodaawwan**

- Omiishinichi itti gafatamummaa ol-aanaa fi hojii bal'aa waan qabuuf hojii dhifamaa sirnaan raawwachuu dadhabuu dandaa'a.
- Aangoon komishinichaa amma jiru hojii kana of-keessaa waan hin qabneef jijjiirraa seeraa barbaada. Unimmoo yeroo fudhachuu irra darbee fakkeenyi kana waan hin taaneef rakkoo uumuu dandaa'a.
- Haqa yeroo cee'umsaa keessatti dhiifama adeemsota biroo waliin raawwachuun qaawwaa uumuu dandaa'a.

## Dhiifama: Waa'ee Haal-duree Dhiifamaa?

**Safartoolee Araaraa?**

Dhiifamni kan kennamu nama haalduree dhiifamaa guuteefi.

- Sadarkaa badii balleessitootaa
- Ulfinaa fi qabiyyee yakkaa
- Dhugaa Baasuu
- Gaabbuu fi dhiifama gaafachuu
- Deggeruu
- Keewwata 28 heera mootummaa

# Hojii Araarama Kennuu Eenyu haa Raawwatu?

**Filannoo tokkoffaa: Karaa komiishinii dhugaa fi dhiifamaa haa raawwatamu.**

**Cimina**

- Kaayyoon araaraa dhugaa baasuu fi araarama fiduuf waan ta'ee qaama kana raawwatu uumuun adeemsicha bu'a qabeessa taasisa.
- Ogeesotaa fi hoggantoota damee sanarra jiran ofitti dabaluun hojicha jabeessa.
- Al-loogummaa fi bilisummaan inni qabu hawaasa akka inni hammatu taasisuun araaraa fi nagaa itti fuufinsa qabu fida.
- Baleessitootni adeemsicha akka amanan taasisuun hojicha siyeessa.
- Naaageenya araara boodaa itti fufsiisuuf gaahe gudddaaa qaba.

**Sodaawwan**

- Qabeenya yaraa biyyattiin qabduun yoo ilaaalaame qaallii dha.
- Haala qabatamaa biyya keenyaan hundaa'uun komiishinii jiraachuu dhabuu dandaa'a.
- Sababa bal'ina lafaa biyyattii fi yeroo gabaabaa komiishinichaa qaqabamummaan isaa yarachuu dandaa'a.

# Hojii Araarama Kennuu Eenyu haa Raawwatu? ?

**Filannoo lammaffaa: Ijaarsa dhiifama kennuu amma jiru dhimma dhiifama haqa yeroo cee'umsaaf fayyadamuu.**

**Cimina**

- Qabeenya biyyaa ni qusata
- Humna dhaabbataa ni uuma

**Sodaawwan**

- Hojimaatni isaa waan adeemsa haqa yeroo cee'umsaan hin hundoofneef bu'aan isaa ni shakkisiisa.
- Adeemsa wal xaxaa araaraa haqa yeroo cee'umsaa keessa jiru fiixaan baasuuf humna dhabuu dandaa'a.
- Amanamummaaf fudhatamummaan isaa shakkisisaa dha.
- Baleessitota amantaa dhorkee hirmaannaan ala taasisa.

Hirpha

**Gosoota hirphaa kam fa'atu hojii irra ooluu danda'u;**

- Iddootti deebisuu
- Beenyaa
- Dhiifama/fayyina
- Bayyannachuu
- Beenyaa waloo
- Yaadannoo

**Hojiiwwan ijoo**

- Sirna hirphaa ilaalchisuun seerri aguugu akka ba'u taasisuu
- Miidhamtoota beenyaa dhuunfaa fudhatan adda baasuu
- Sirna hirphaan kallattiiwwan balleessitootni itti adabaman adda baasuu.
- "Fund" ii miidhamtootaa dhaaabuu

# Sirna Hirphaa eenyu haa dursu/deemsisu?

**Filannoo tokkoffaa: Komiishinii dhugaa fi dhiifamaan**

**Cimina**

- Gochi miidhamtoota hirphuu bu'a qabeessa kan inni ta'u komishiniin haaraan hojii wal xaxaa ta'e raawwachuu danda'u yoo jiraate waan ta'eef bu'aa qaba.
- Komiishinichi hojiiwwaa biroo gaafa raawwatu eenyummaa fi haala miidhamtootaa fi miidha-qaqqabsiistotaa isa yeroo beenyaa adda baasuuf faayidaa qabu waan raawwatuuf bu'a qabeessa taa'a.
- Al-loogummaa fi bilisummaan inni qabu hawaasa akka inni hammatu taasisuun araaraa fi nagaa itti fuufinsa qabu fida.

**Sodaawwan**

- Komishinii dhaabuu qaalii dha.
- Haala qabatamaa biyya keenyaan hundaa'uun komiishinii jiraachuu dhabuu dandaa'a.
- Rakkoo qaqabamummaa qabaachuu dandaa'a.
- Cimina hirphi barbaadu (fknf- hanga beenyaa murteessuu) komiishinichi dhabuu dandaa'a.
- Dhimmi hirpha biyya keenyaan komiishinii yeroon daanga'eef kennuun rakkoo uumuu dandaa'a.

# Sirna hirphaa eenyuutu dursa/adeemsisa?

**Filannoo Lammaffaa:**

**Beenyaa dhuunfaa adeemsa seera idileen mana murtiif dhiisuun, beenyaa waloof fooyya'iinsa seeraa taasisuun karaa Komiishinii maree biyyaleessaa Itiyoophiyaa fi komishinii mirga namoomaa Itoophiyaan raawwachuu.**

**Cimina**

- Qabeenya biyyaa qusata
- Humna dhaabbataa uumuun itti fufiinsa qabaata.
- Seera ciiviiliin dhiittaa mirga namoomaaf itti gaafatamummaan dhuunfaa akka dhufu taasisa.

**Sodaawwan**

- Adeemsa wal xaxaa araaraa haqa yeroo cee'umsaa keessa jiru fiixaan baasuuf humna dhabuu dandaa'a.
- Adeemsota haqa yeroo cee'umsaa biroo waliin demsisuu cimaa ta'uu dandaa'a.
- Karaa seera idileen hirpha argachuu hubuu dandaa'a.
- Dhaabbileen lamaan itti qafatamummaa fi hojii bal'aa wan qabaniif hojii wal xaxaa araaraa haqa  eroo cee'umsa milkeessuu dadhabuu  danda'u.
- Dhimmootni hundi gara mana murtiitti waan hin ceeneef midhamtoota gidduutti addaa addummaa fidu.

F

## Fooyya'iinsa Dhaabbilee

### Hojiileen Fooyya'iinsa Dhaabbilee Haqa Yeroo Cee'umsaa maal maal fa'a of keessatti qabachuu dandaa'a?

Fooyya'iinsa Dhaabbilee

- Adda baasuu fi qulqulleessuu
- Hojii fi hooggantummaa irraa qooduu
- Jijjiirraa seeraa fi adeemsa

# Hojiin Dhaabbilee Fooyyessuu Eenyuun haa Raawwatamu?

Filannoo tokkoffaa: Qaama walabaa aangoo dhaabbilee adda baasuu, calaluu fi qoodu qabu uumuu

**Cimina**

- Adeemsi qulqulleessuu bilisummaa fi loogii malee akka raawwatu taasisuun fudhatamummaa dabala
- Giddu seentummaa gartuu sabaa fi gosaa ni hambisa
- Adeemsota biroo haqa yeroo cee'umsaa waliin ta'uun bu'aa addaa fida

**Sodaawwan**

- Qabeenya biyyattiin qabduun komishinii haaraa uumuun ni ulfaata
- Haala qabatamaa biyya keenyaan hundaa'uun qaama bilisaa jiraachuu dhabuu dandaa'a.

## Hojiiwwan dhaabbilee fooyyessuu eenyuun haa raawwatamu?

**Filannoo Lammaffaa:**

**Dhaabbilee hunda keessatti gartuu hojii adda baasuu, qulqulleessuu fi hojiirraa qooduu raawwatu hundeessuu**

**Cimina**

- Dhaabbiilee amma jiran keessatti akka raawwatu gochuun qabeenyi biyyaa qisaasa'uu irraa oolcha
- Humna dhaabbilee ni cimsa, itti fufiinsa akka qabaatu taasisa,
- Abbummaa dhaabbileen akka durfamu, humni siyaasaa gahaanii fi humna rakkoolee dhufuuf malaa beekanii qolachuuf isaan qopheessa.

**Sodaawwan**

- Adeemsichi bilisaa fi loogii irraa bilisa ta'uun isaa ni shakkisiisa, fudhatamummaa dhabsiisa
- Safartoolee addunyaalessaa haqa yeroo cee'umsaa raawwachuuf fedhii fi humna dhabuu dandaa'a.
- Qulqulleessuu dhugaa ta'e caalaa murtii siyaasaa hanqinaaf sodaa irratti hundaa'e fiduu dandaa'a.

# Dhimmoota biroo Murtii barbaadan

- Daangaa yeroo

Haqi yeroo cee'umsaa yoomirraa haa eegalu?

**Filannoo tokkoffaa:** Yeroo bara 1983 dura ture

**Filannoo lammaffaa:** Bara 1983 irraa eegalee

**Filannoo sadaffaa:**

Bara 1987 irraa eegalee

**Filannoo Arfaffaa:**

Bara 2010 eegalee

**Filannoo Shanaffaa:** Himannaaf bara 1987 irraa, dhiifamaaf hirphaaf garuu yeroo ragaan argamee jalqabee

## ❖ Gahee sirna haqaa aadaa, naannoolee fi bulchiinsa magaalotaa, haqa yeroo cee'umsaatti

**Naannolee fi bulchiinsa magaalotaa**

- Adeemsa haqa yeroo cee'umsaa mootummaan federaalaa raawwatu keessatti naannoleen gahee olaanaa akka qabaatan ni taasifama.
- Adeemsa dhugaa barbaaduu fi araara buusuu keessatti sirna haqaa idilee kan aadaa waliin walitti fiduun karaa mirga namoomaa eegeen ni raawwatama.
- Sirni haqa yeroo cee'umsaa dhiibbaa dhaabbilee haqa yeroo cee'umsaa keessatti hirmaatan hir'isuu qofa osoo hin taane, adeemsichi akka haqni, nagaanii fi araarri itti fufiinsa qabu jiraatuuf ni gumaacha.

Galatoomaa!